*Miliyoon T. Sarbeessaa

DHIMMOOTA YAKKATIIN **RAGAAN DABALATAA** AKKA DHAGAHAMUUF SIRNI ITTI MANA MURTII JALAATTI DEEBIFNU (REMAND) JIRAA?

Aangoo manneen murtii ol-iyyata dhagahan qaban keessaa tokko ragaa dabalataan qulqulleessa taasisuu akka dandaán kana gochuu sirna seeraa biyyattiin hordofturraa gahee Abbaan Seeraa seerichaan qabu irraa kan hubatamu dha. Abbaan seeraa hanga dandaámetti dhugaa barbaaduu **(relative truth)** keessatti gahee isaa bahachuu akka qaban agarsiisa. Ragaan galmee keessa jiru gahaa miti yoo taé garuu ragaa dabalataa ofiif dhaggeeffatu moo mana murtii jalaatti deebisu kan jedhu dha, yoo deebisan buúura seera kamiin deebisu? kan jedhu gaaffii dha.

Aangoon mana murtii ol-iyyata dhaggeeffatuu SDFY tiin taaé:

- ✓ komii ol-iyyataa sababiin keessa seenamu hin jiru yoo taé komicha haquu dha SDFY kwt 195(1) (dismissing summarily).
- ✓ Dhimmoota mormii sadarkaa duraatiin ykn dhagaha dhimmichaan dura furmaata kennamerraa yoo taé, ykn dhagaha dhimmichaa keessa seenee himatamaa buúura SDFY kwt 141 tiin bilisaan gadhiifamuu isaarraa komii dhiyaate yoo taé immoo MM ol-iyyata dhaggeeffatu dhimmoota sadarkaa kanatti murtaaán diigee dhimmichi gadi deebiée dhagahamee murtiin akka kennamu deebisuu dandaá ykn ofiin murtii balleessummaa kennuu dandaá. (SDFY kwt 195(2,A))
- ✓ Komii murtii balleessummaa irraa dhiyaateef dhaggeeffatee ykn falmisiisee murtii mana murtii jalaa fooyyessuu, diiguu ykn cimsuu, murtii adabbii hirrísuu akka dandaáu SDFY kwt 195(2)(B-2) jalatti tumaman irraa kan hubatamu dha. (To determine a case finally)
- ✓ Aangoon mana murtii ol-iyyata dhagahau kan biraa ragaa dabalataa dhaggeeffachuun qulqulleessa taasisuu dha. (SDFY kwt 194)

MMWF Dh. Ij. Lakk galmee 127484 taéen Jildii 22ffaa irratti hiikkoo kenneen MM ol-iyyata dhaggeeffatu ragaa dhagahameen murtii balleessummaa kennuunis taé bilisa gaggeessuun kan hin dandaámne yoo taé MM gahee isaa dhugaa barbaachuu akka bahachuu dandaúuf qulqulleessa ragaa dabalataan MM jalaa akka taasisee murteessuuf murtii diigee erguu akka dandaú murteesseera. Hiikkoo keessatti tumaan SDFY kwt 195(2) (B-2) komii murtii balleessuummaa fi adabbii irraa komatame ilaalchisee murticha cimsuu fooyyessuu diiguun bilisa gaggeessuu ykn adabbii fooyyessuu akka dandaú aangoo mana murtii ol-iyyata dhagahuuf

kenname yoo taú MM aangoo kana qabu dhimmoonni ragaa dabalataan akka qulqullaaánii murtaaániif dhugaa baasuu keessatti gahee isaa bahauu dhaaf sababa gahaadhaan waanti deebisuu isa dhorku hin jiru jechuun Murtii MMWF dhaddachi idilee gadi deebise hanqina hin qabu jechuun murtii kenneera. Dhaddachi Ijibbaataa murtii isaa keessatti MMWF dhaddachi idilee ragaan barbaadame qaama bilisa taéen qulqullaaée akka dhiyaatuuf taasisee murtii kennuu kan dandaú taús mirga ol-iyyannoo akka hin dhiphisneef gadi deebisuun isaa hanqina hin qabu jechuun hiikkoo kenneera. Sirni gadi deebisuu dhimmoota yakkaa dhimmoota HH (S**DFHH kwt 343 fi 346)** irraa adda kan isa taasisu MMWF dhaddachi idilee murticha diigee kan deebise malee ragaan dabalataa dhagahamee akka isaaf dhiyaatu kan ajaje miti.

Murticha keessatti tumaan ibsamee jiru SDFY kwt 143 yoo taú tumaan kun manneen murtii dhimmicha sadarkaa jalqabaan dhagahaniif malee mana murtii ol-iyyata dhagahuuf raawwatinsa hin qabu. Sadarkaa mana murtii ol-iyyata dhagahutti tumaan qulqulleessa ragaa dabalataa tumamee jiru SDFY kwt 194 dha. Kun immoo ragaa dabalataa manni murtii ol-iyyata dhagahu **ofiin dhaggeeffachuu** akka dandaú tumeera. Hiikkoon kun dhimma wal fakkaataa akkasiitiif kan ooluu dandaú keessattuu mirga ol-iyyachuu akka hin dhiphifneef kan gadi deebiú taúu isaa. Kaayyoon isaa hanga dandaámetti barbaacha dhugaa keessatti gahee isaanii bahuu akka isaan dandeessisuuf taúu kan agarsiisu dha. Akka waliigalaatti sirni dhimmoota yakkaa haala addaatiin qulqulleessa dabalataaf dhimmichi gadi deebiée murtii akka argatu itti taasifamu hiikkoo kanaa fi tumaa SDFY kwt 194, fi 195(2) (B) irraa kan hubatamu dha jechuun ni dandaáma. Haataú malee, ragaan dabalataa sadarkaa mana murtii ol-iyyata dhagahutti buúura SDFY kwt 194 tiin manuma murtii ragaa dabalataa ajaje sanaan dhagahamee madaalamee yoo murtaaé caalatti kaayyoon SDFY galma gaha jedheen amana. Barbaachi dhugaas sadarkaadhuma sanattis qulqulleessuun milkaahuu dandaá**.** Hojimaanni akkasii dhimma HH tiinis akka hafee gara seeraatti akka deebiámu taée yeroo jirutti dhimma yakkaa immoo haala kanaan akka deebiée ragaan dabalaataa qulqullaaée murtaaúuf deebisuun kaayyoo olitti ibsame faana hin deemu. Murtii siátaa kan eegu garee falmuu fi hawaasa waan taéef ragaan dabalataa manuma murtii ragicha ajajeen osoo dhagahame kaayyoon kun milkaaá.

** Telegraam Chaanaalii Dessaaleny B. tiif addatti ergame dha.

*Miliyoon T. Sarbeessaa